

Afaan Oromoo

Dursa gabaabaa waa’ee Islaamaa

Bu’uura Islaamaa baradhu

Waa’ee Islaamaa

Islaamni adeemsa hunda walitti qabataafi seera jireenyaa guutuudha. Hariiroo Rabbii waliin qabuufi waliin jireenya ummata waliin qabu haaromsuutti nama kakaasa. Barnoonni Islaamaa akka namni kamuu milkuu dhugaafi tasgabbii keessoo Rabbiin baruufi hojii gaggaarii Inni ajaje hojjachuun malee hin arganne ibsa. Isheen immoo bu’aa namichumaaf argamsiifti. Akkuma kana bu’aa hawaasaafis ni argamsiifti.

Islaamni amantiwwan hordoftoota baay’ee qaban addunyaa keessaa isa tokko. Muslimoonni ummata addunyaa keessaa tokko shanaffaa ta’u. Rabbiin gabbaramaa ta’uutti amanuufi waan biraa irraa ibaadaadhaan Isa kophaa baasuun kaayyoo bu’uura jireenya kanaati. Inni akkuma kana bu’uura tu’oon mana Islaamaa irratti ijaarameedha.

Jechi “Islaam” jedhu Afaan Arabaa keessatti Rabbii tokkichaaf “of gadi qabuufi ajajamuu” jechuudha. Namni fedhii Rabbiitiif ajajamuuf of gadi qabu Muslima jedhama. Kun immoo bifa, sabaafi gosa isaa odoo adda hin baasini.

Wanti Islaama amantii biraa irraa adda baasu tokko inni saba wahiitiin yookiin nama dhuunfaadhaan hin waamamne.

Arkaana limaanaa jahan

1. Rabbii ol ta’etti amanuu

“Allaah” jechi jedhu maqaa dhuunfaa Rabbii tokkicha dhugaan gabbaramaa ta’eeti.

Jechi “Allaah” jedhu maqaa Afaan Arabaa kan Rabbii tokkichaati. Rabbiin guddatee ol ta’e shariikota, fakkaataa, haadha, abbaafi ilmaan hin qabu. Wanti isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Inni dhaga’aa argaadha. Namni tokkollee amala guddinaafi guutiinsaa keessatti Isaan hin qindaa’u. Inni maqoolee gaggaariifi amaloota ol aanaa qaba. Inni Ol ta’aa, abbaa humnaa, Haqa raawwataa, Ogeessa, waan hundaan dhaabbataa, Beekaadha.

Inni uumaa wantoota hundaafi sooraa isaaniiti. Qananii dhuma hin qabne nu badhaase. Fakkeenyaaf dhageettii, agartuu, yaaduu, ilaalu, adeemuu, haasawaafi oomishuu danda’uu. Ittiin aansee immoo Isa qofa galateeffachuufi Isa qofa gabbaruun dirqama nurratti ta’a. Kunis ajaja Isaa hordofuufi dhorgaa isaa dhiisuudhaani.

Uumamni xaxamaafi sirraawaan kun hojii Rabbii ogeessa, uumaa, danda’aa ta’ee irraa malee hin argamuu murteessuun uumama namaafi sammuu sirriitti yaaduuti. Uumamni kun matuma isaatiin of

uumeen yookiin adeemsuma akka tasaa keessa argame jechuun gonkumaa sirrii hin ta’u (loogikii hin qeebalu).

2. Maleykotatti amanuu

Maleykonni uumama ifa irraa argamaniidha. Waan Rabbiin isaan ajaje isa hin faallessanu waan ajajaman hojjatu. Rabbiin garii isaanii adda baasee nuuf ibse. Fakkeenyaaf Jibriiliin isa wahyii samii fuudhee gara Ergamaa Rabbii (saw) bu’uufi maleykaa du’aa isa lubbuu fuuchuutti ajajameedha.

3. Kitaabotatti amanuu

Rabbiin ergamoota Isaa irratti wahyii, namootaaf qajeelfamaafi rahmata taasisee buuse. Kitaabotatti amanuun Tawraatiifi Injiiliin kan Rabbiin Muusaafi lisaa irratti buusetti amanuu, akkasumas Qur’aana isa Rabbiin Muhammad irratti buusetti amanuu of keessatti qabata. Rahmanni Rabbii hunda isaanii irra haa jiraatu.

Qur’aanni jecha Rabbii guddaati. Inni wahyii dhumaa Rabbiin samii irraa gara dachiitti buuseedha. Ragoolee iftuufi mu’ujizaa gurguddoo kan Qur’aanni jecha Rabbii ta’uu akeekan baay’eetu jiru.

- Qur’aanni ergaa ifaa, qulqulluufi kan aalama hundaa of keessaa qabdi. Yaadaafi amantii bu’uuraa waa’ee Rabbii ol ta’e irraa dubbatti.
- Qur’aanni Nabiyyii Muhammad (saw) isa amanamaa irratti buufame. Garuu inni sirna seera

afaanii keessatti adeemsa addaa qaba. Inni addunyaa guutuu irratti seera lughaa Arabaa bilchaataafi bareedaa ta'uudhaan beekamaadha.

- Qur'aanni wagaa 1400 dura buufame. Garuu inni argannoo saayinsii kan yeroo sana namoonni hin beekne kan booda kana barumsaan itti gahame baay'ee of keessaa qaba.

Qur'aanni erga buufamiinsa isaa irraa eegalee Afaan isaa kan jalqabaa Arabiffaan jecha jechaan tikfamee amma dhaqqabe. Garuu kitaaboleen biroo baay'een isaanii ni jijjiiraman yookiin ni dhabaman.

Raajii (mu'ujizaa) Qur'aanaa keessaa kan biraa inni dogongoraafi wal faallessuu irraa bilisa ta'uudha.

Hiikti isaa sababa irratti hundaa'e kan inni ittiin kophaa baheefi raajiin Qur'aanaa baay'een akka inni Rabbiin biraa qofa ta'e agarsiisa. Jechaafi gocha Nabiyyii (saw) sanada sahihaa waliin akka burqaa barnoota Islaamaa jalqabaatti fudhatama.

1. Ergamootatti amanuu

Muslimoonni akka Rabbiin ergamoota kumaatama erge amanu. Ummata hunda keessattuu yoo xiqqaate ergamaa tokko isaan irraa ta'e ergeera. Hundi isaaniituu ergaa Rabbiin qofa gabbaruufi qajeelfama isaa hordofuu fidanii dhufan. Ergamoota kana keessatti Adam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi Muhammad faan ni argamu. Hunda isaanii irra rahmanniifi nageenyi haa jiraatu.

Xiyyeeffannoon isaanii namoota gara Rabbii tokkicha gabbaruutti waamuu, ibaadaa Rabbii keessatti fakkeenya isaanitti hidhatamu ta'uufi gara karaa ittiin ibidda irraa bilisa ta'anutti namoota qajeelchuu dha.

Ergamaan kamuu ibaadaafi gooftummaa keessatti kan Rabbii waliin qindaa'u hin jiru. Ibaadaa kamuu isaaniif kennuun yookiin isaan jidduu Rabbiifi uumamaa kan wal dhaqqabsiisan taasisuun bu'uura tawhiidaa kan haqa Rabbiin gabricha irraa qabu ta'e san diiga.

Nabi lisaa (saw)

Muslimoonni akka lisaan ergamaa kabajamaa ergamoota irraa tokko ta'e amanu. Haadha isaa Maryam kan dubra taatetu abbaa malee isa deesse. Dhaloonni isaa raajiidha. Rabbiin fedha Isaatiin raajii baay'ee lisaadhaaf kenneera. Eeyyama Rabbiitiin jaamaa agarsiise, duudaa dhageessise, dhukkubsataa fayyaa sirrii taasise. Daa'imummaadhaan mamii ummanni haadha isaa irratti kaasan deebisuuf jecha dubbateera. Muslimoonni lisaa kabajuufi jaallachuu waliin garuu isa hin gabbaranu. Ilma Rabbiitis isaan hin jedhanu. Sadeessituu Rabbiitis hin jedhanu. Amala Rabbiin qofaaf malu kam keessattuu Isaan hin qindaa'u.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe: *"Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa'e. Yeroo dhimma tokko murteesse, wanti Inni jedhu "ta'i" jechuu qofa; innis yerma san ta'a."* Maryam: 35.

Nabi Muhammad (saw)

Nabi Muhammad (saw) xumura nabiyyootaafi ergamootaati. Qajeelumaaafi amantii dhugaatiin gara aalamaatti ergaman. Rabbiin Qur'aana isaan irratti buuse. Nabiyyiin (saw) Qur'aana jecha, gochaafi haala isaaniitiin ibsaniiru. Waan nama rakkisu ibsan. Waan dhokataas mullisan. Ajaja isaatti hojjatan. Nabiyyiin (saw) amaanaa, rahmata, dhugaa dubbachuufi gootummaa keessatti hidhannoo turan. Muslimoonni akkuma lisaa hin gabbarre Muhammadiinis hin gabbaranu. Nageenyi isaan lamaan irraa haa jiraatu.

Guyyaa aakhiraatti amanuu

Guyyaan aakhiraa taatee irraa hafiinsi hin jirreedha. Beellama irraa bilisa hin bahamneedha. Hundi namaatuu fuuldura Rabbii isaa dhaabachuuf taa'a. Hojii isaa hundaa, xiqqoofi guddoo ishee, gaariifi hamtuu ishee irratti rahmata isaa arjaa ta'eefi haqa isaa ogeessa ta'een isa qorachuuf jira.

Guyyaa guddaa kana keessa Rabbiin waan hundaa haqaafi ogummaa isaatiin wal qixxeessa. Lubbuun kamuu Rabbiin biratti hanga madaala bookee hin miidhamu. Warri Rabbiin bulan mindeeffamanii milkaa'u. Yakkamtoonni adabamanii salphatu. Dhimmi isaanii jidduu rahmata Rabbiitiifi haqa isaa naanna'a. Haqa Isaatiin gara ibiddaa isaan geessuutu mala; yookiin rahmata isaanii oolee jannata isaan galcha.

Guyyaan mindaa yoo hin jiraanne biyya makkoroo kana keessa jiraachuun miidhaa ta’a. Makkoroon argamus iccitii wahiitiin malee ta’a. Rabbiin ogeessi ol ta’aan kana irraa qulqullaa’eera.

Qadaratti amanuu

Rabbiin waan argameefi fuulduratti argamu ni beeka. Waan hin argaminis osoo argamee akkamitti argamaa beeka. Murtiin waa hundaawuu harka isaa jira. Wanti tokkollee uumama kana keessatti beekumsa, eeyyamaafi iccitii isaatiin, taayitaafi dandeettii isaatiin malee hin argamu

Rabbiin hunda keenyaafuu filannoo adeemsa namoota gaarii adeemuufi kan yakkamtootaa deemuu kenneera. Filannoo kana irratti isa qorata. Kanaan gara ibiddaa yookiin gara jannataa deema.

Beekumsi Rabbii waan argamu hunda wal gahuuniifi fedhii isaatiin ta’uun mirga filannoo gabrichaatiin wal hin faallessu. Akkuma kana dandeettiin Rabbii waan hunda marsuun filannoo gabrichi qabu irratti dhiibbaa hin qabu. Rabbiin filannoo gabrichaa beeka jechuun filannoo sana irratti isaan dirqisiise jechuu miti. Akkuma kana Rabbiin waan argamuu isaa fedhe hunda jaalata jechuu miti.

Arkaana ibaadaa (Islaamaa) shanan

Arkaana jireenya Muslimaa shanan

1. Iimaana

Rabbii ol ta’etti amanuu mirkaneessuu jechuun “akka Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jirreefi Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu” ragaa bahuudha.

Ragaan kun amantii qalbii gadi seenaadhaan ishee amanuu, ishee dubbachuufi ergaa isheetiin hojjachuu keessatti Rabbiin qofaaf qulqulleessuu irratti hundaa’uu qaba. Ragaa kanaan gabrichi waan Rabbii gaditti gabbaramu hundatti kafara; “Rabbiin qofatu gabbaramaa dhugaati wanti Isaan alatti gabbaramu dharaa” mirkaneessa. Muhammad dhuma nabiyyootaafi ergamaa Rabbii ta’uus ni mirkaneessa. Ogga kana namni Muslima ta’a.

2. Salaata shanan

Salaanni hariiroo nafsii ruuhii jidduu Muslimaafi uumaa isaa jirtu irraa argamti. Hariirottiin utubaan ishee iimaanaafi dhugoomsuu, jaalala, yaada toluu guddisuufi qulqulleessuu waliin ta’eedha.

Salaanni shanan booda shahaadaa lamaaniitii utubaa Islaamaa isa akkaan barbaachisaadha. Waqtiileen salaata shanan kanaa yeroo fajrii, Zuhrii, Asrii, magribaafi ishaati.

Salaanni kamuu yeroo gabaabaa, daqiiqaa lakkaa’amtuu fudhatti. Qur’aana qara’uu, Rabbiin kadhachuu, isa guddisuufi faarsuu irraa ijaaramte.

Muslimni kamuu qaama isaa murtaa’aa kan akka fuulaafi harka lamaanii dhiqachuudhaan xahaaraa

isaa mirkaneeffatee salaataaf qophaa'uu qaba. Kanaan qulqullina gubbaafi keessaa argata.

3. Zakaa

Zakaan dirqama Rabbiin qabeenya Muslima nisaaba (hanga zakaan itti dirqama ta'u) dhaqqabee hunda keessatti kallattii murtaa'aadhaan dirqama godheedha.

Waggaa keessatti namoottan ulaagaa kana bifa Qur'aanni dubbateen (hiyyeessaaf, harka qalleeyyiif, ..) guuttateef shallaga xiqqoo qabeenya keessaa baafamuudha.

Zakaan qabeenya Muslimaa ni qulqulleessiti; ni dabalti. Isa kenneefi fudhateefis bu'aa buufti. Bu'aa ishee keessaa tokko jibbaa jidduu dureessaafi hiyyeessaa hir'ifti. Namoottan hawaasa keessa jiraatan hunduu akka isaan dhimma isaanii kan bu'uuraa argatan taasifti.

4. Sooma

Muslimoonni hunduu ji'a Ramadaanaa keessa yeroo fajriin bahu irraa eegalanii hanga biiftuun seenutti soomu. Yeroo kana keessa nyaata, dhugaatiifi wal qunnamtii irraa fagaatu.

Soomni lubbuu namaa ni qulqulleessa. Obsaafi wal danda'uu oomishuuf sababa gargaaruudha. Dabalata immoo bu'aa fayyaa baay'ee qaba.

Ramadaanni lakkoofsa Islaamaa keessatti ji'a saglaaffaadha.

5. Hajjii

Umurii keessa yoo xiqqaate si'a tokko mana Rabbii kabajamaa Makkaan jiru hajjii gochuun Muslima qaamaafi qabeenyaan danda'e hunda irrattuu dirqama.

Hajjiin taatee waggaa keessa ji'a Zulhijjaa keessa deddeebi'uudha. Inni ruknii isa keessatti odoma bifti, sabni, sadarkaafi umuriin isaanii wal dhabuu tokkummaan Muslimootaa ibaadaa Rabbii keessatti mullatuudha.

Imalli guddaan kun ibaadaa baay'ee walitti qabamte kan akka wareegamaa, imalaafi bakka adda addaatti salaattuu irraa ijaaramte. Muuxannottiin kun of gadi qabuufi obsa gabricha barsiifti.

Warri hajjii godhan hundinuu huccuu wal fakkaataa huccuu harramannaa jedhamu uffatu. Isa keessatti dureessiifi hiyyeessi, cimaafi laafaan, hojjataafi hojjachiisaan wal qixxaatu. Hundi isaaniituu fuuldura Rabbii dhaabachuu keessatti wal qixxaatu.

Maalummaa ibaadaa

Gocha Rabbiin jaallatu hunda of keessatti qabata.

Maalummaan ibaadaa Islaama keessatti arkaana ibaadaa shanan keessatti qofa hin gabaabbatu. Hubannoon ibaadaa hojiiwwan Rabbiin jaalatu

hundaa of keessatti qabata. Hojiin guyyaa hunda akka aadaatti hojjatamu yeroo gabrichi Rabbiif qulqulleessee haala Rabbiin barbaadeen raawwate ibaadaa ta'uu danda'a. Fakkeenyi kanaa seeqachuu, ollaaf gaarii ooluu, maatii gargaaruu, amaanaafi waan rakkisaa karaa irraa dabsuudha.

Akka Rabbiin ibaadaa gabricha kamiittuu hin haajomne hubachuun dirqama ta'a. Inumaayyuu gabrichatu ibaadaa Rabbiitti haajoma. Isheedhaan lubbuu isaa sadarkaa ol korsiiisee ishee qulqulleessa.

Xumura

Arkaanni limaanaafi Islaamaa dubbatamee tare wiirtuu Islaamaati.

Arkaana iimaanaafi Islaamaa tare kana raawwachuun dhimma ruuhii, qaamaa, nafsiifi hawaasaa kan jireenya namaa hunda keessa jiru baasa. Inni adeemsa jireenya gochaafi yaadaati. Kana irratti dabalata, inni isa qofatu adeemsa jireenyaa isa Rabbiin jaalatuufi qeebaluudha. Karaa isa gabrichi qabachuudhaan jannatatti dhaqqabuudha.

“Dhiiras ta’ee dubartii irraa nama mu’umina ta’ee dalagaa gaarii hojjate, dhugumatti jireenya gaarii isa jiraachifna; mindaa isaaniis irra gaarii waan isaan dalagaa turaniitiin isaan mindeessina.” (Annahl: 97)